Walaloo Jaalalaa jaalallee ofiif PDF

Walaloo Jaalalaa jaalallee ofiif 1

- Qal-biinko simalee
- Hin feetu kan biraa
- Dafiitii naafkoottu
- Suman eegaa jiraa
- Takkaa sin dagadhu

- Halkan ta'ee guyyaa
- Simalee hin abdadhu
- Yaamarar'ttuu kiyyaa
- Kaayyoo koo dagadhee

- Waa'eema keen yaada
- Hawaasa baqadhee
- Qobaa taa'een aada
- Namootan dur jaaladhu

- Yoonatti dhufan Karraan
- Gara galeen milladhu
- Namuma tahuu barraan
- Nama najibbi-siisaa
- Waansaa nan wallaalee
- Sumaaf nabo-boochisaa
- Maaliin natuqxe walalee

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 2

- Murtoo hin arganne
- Fala ofii barbaadee
- Akkasitti sin abdanne
- Yaadakoon gadoodee
- Dhokseen si ilaala

- Lja koo banadhee…
- Jaalala maaltu caala?

- Yoo jaalalaa malee.
- Jireenya kees fedhee
- Amala keef si filadhee
- Jaal'ee koon si godhadhe
- Jaalala keef jedheen
- Kaayyoo koon dagadhe
- Imaanaa koo fuutee
- Karaa irratti erga gatte
- Kan na caalu argannaan
- Feetee anaan na dagatte

- Akka har'aa kanas miti
- Aduun dhihee hin hafu
- Bari'uun isaa dirqama
- Jaalataan kufeen kufu
- Ka'uun isaas dirqama
- Qabsoo jireenyaatiif
- Utuun kufee ka'uu

- Na buustee gajeelte
- Beenu siif haa ta'u
- Ergaa kee gaafa sanaa
- Isa qalbii Koo na buuse
- Balleessaan si miti ana
- Kanan rakkookee kuuse
- Sin barbaadu jechuun
- Gaariidha hundaafuu
- Fedhii ofti filachuunis
- Yoo ta'ellee gandaafuu
- Jaalalli du'eera jedhanii

- Akkamiin gaddaa hafuu
- Jiraadhu akka feettettis
- Kan nyaattu haa sifaa'u
- Argadhu akka feetuttis
- Hojii kee siif haa kaa'u
- Yoon ani siin dhiise
- Bara keef haa kaau
- Yoon jaalalas dhiise
- Rabbi murtii haa kaa'u

- Waa'ee jaalala keef
- Imimmaan 9 lolaasee
- Jaalladheen si dhabee
- Onnee oflirraa kaasee
- Akkan fedhee dhabe
- Atis jaalluu Isa dhabi
- Gatii hojii keetiillee

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 3

- JAALALA DIRQAMAA

- Na dhiisi siin jedhee
- Na dhiisi namana
- Na dhiibdee na dhiibdee
- Na fidde gamana.

- Dhidhiibdee dhidhiibdee
- Moggaatti na baaftee
- Sin jaaladhe jettee
- Jaalalaan na gubdee
- Osoon sin jaalatin
- Jaalalti na mudde.

- Ya jaalala gamnaa
- Sa dhungoon ciniinnaa
- Jaalachuun dirqama
- Yoonin sin jaalanne
- Jaalalti waa tolaa?

- Na jibbi sin jaal'een
- Jaalala falfalaa
- Tokko qullaa buusee
- Tokko sirbaa gala?

- Sobii na jaaladhu

- Sobnee wal jaalannaa
- Sobee si jaaladhaa
- Qalbii guraaramaa??
- Ana natti hin tolle
- Jaalalti dirqamaa!!

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 4

- Miciyyoo bareedduu
- Qalloo akka qalamaa
- Yaa tan mudhii soonsaa
- Taniin jaallee sumaa
- Abad sin lakkisuu
- Faaya sanyi namaa
- Jaalaltite hamtuudha
- Gad na seente qaama.

---

- Jaalalaan qabamun
- Waan laayyoo fakkaata
- Jaalalate hamtuu
- An qalbi too hataa
- An na maraachite
- Naaf laadhu furmaata
- Bellamaas naaf qabii
- Kan guyyaa sanbataa
- Foototes naaf kenni
- Qalbi na sabata.

---

- Dunbullee too dasii
- Koo gamakoo siqii
- Harra wajjiin oollaa
- Ofirra cufi suuqii.

---

- Yaa jaalallee tiyya
- An si hin irranfadhu
- Bareedduu halanga
- Gorsa kee naaf laadhu
- Baayyeen si jaladha
- Kan kee na godhadhu.